In association with

Qajeelfama Vaayirassi Koronna (Covid19)

OROMO

COVID-19 n dhukkuba haaraa kan sonba kee fi ujummo qileensaa hubuu dha. Kunis vaayirassii koronna irraa nama eegala.

Tamsa'ina vaayirassii koronna kanaa ofirra ittisuf naminii hunduu mana turuu qaba.

Kun nama umurii hundumaa keessa jiru ilaalata- yoo mallatoo kamiyyu hinagarsisnes ta'es ykn dhibee ture hinqabaanne ille.

Mana kan ba'uu dandeessu:

- Wantoota baayee jireenyaaf barbaadan – yoo dirqiitti barbaachisaa ta'e qofa
- Guyyaatti sochii qaamaa barbaachisaa ta'e tokko gochuf – kan akka millaan deemuu ykn biskliittii oofuu qofaa ofii ykn namoota waliin jiraatan wajjin
- Dhimma madikaalaaf – fkn mana kuusaa qoreichaa dhaquuf ykn nama human hinqabne tokkoof wantoota baayyee barbaachisan geessuuf
- hojii dhaaquu ykn galuu – garuu kunuu yoo baayee barbaachisaa ta'e qofa

Yoo kan qabdan ta'e:

- Ho'ina qaamaa ol ka'aa – qomarra ykn dudda yoo baayee ka isin gubu ta'e
- qufaa walirraa hincinne – kana jechuun yoo ammaa amma isin qufaasisuu eegale ta'e mana turtanii qajeelafama kan maatiin vaayirasii koronaa qabaachuu yoo shake jedhu duukaa bu'uu

Namoota lamaa ol ta'uun bakkeetti walitti qabamuu – dhimma amantiif walga'uu dabalatee (du'a ga'uuf yoo ta'e malee) dhorkaa dha. Seera kana kabajuun barbaachisaa dha, yoo kana hintaane qarshii adabamuu dandeessu.

Fayyaa ummataa eeguudhaaf akkasumas nyaataa fi wantoota baayee barbaachisan namoota human hinqabneef hiruuf poolisiin, qondaaltoti baaqatumma (immigreeshinaa) fi raayyaan waraanaa qooda qabaachuu danda'u.

Sabab koronavirusiitiif haaldureen gabaasa wabii immigreeshinaa yeroodhaaf dhaabbateera.

Guyyaa gabaasta isa itti haanu gadifageenyaan isinii ibsuuf ergaa SMS text tu isin ga'a. Odeeffannoo dabalataa kan haala jijjiiram adeemsa koolugaltmmaaf kana ilaala'a: https://www.refugeecouncil.org.uk/latest/news/changes-to-home-office-asylum-resettlement-policy-and-practice-in-response-to-covid-19/

Translated by: TRANSBLESS Medical & Legal Language Services

In association with BritishRedCross

Eenyutu saaxilama vaayirasii koronna qabamuu qaba?

Vaayirasin koronna abbaa fedhe iyyuu baayee dhukkubsuu danda'a, haa ta'uu ammo nomooti tokko tokko irraguddaa saaxilma qabaatu.

Fakeenaaf, ati vaayirasin koronna saxxilama guddaa qabaachuu dandeessa yoo:

- Jijjirama qama bakka buufachuu qabaatte
- Wala'aansa dhukkuba kanser tokko tokko yoo qabaatte
- kansera dhiigaa ykn kan lafee keessaa kan akka leukaemia
- Rakkoo sombaa cimaa kan akka cystic fibrosis jedhamu ykn asmaa cimaa
- Dhiibee dadarboo (infekshinii) dhaan qabamuuf yoo salphaatti kan saxilamtu ta'e
- haala hannisaa keetii kan dadhaabsiisu qoricha yoo fudhataa jiraatte
- Ulfa yoo taatee fi dhukkuba onnee yoo qabaatte

Yoo worra saaxilama gudda qaban kanaa olitti eeraman keessan jira jettee shakkite ammas xalayaa warra tajaajila fayyaa sii kennuu irraa hang Dilbat Bitooteessa 29, 2020tti hinarganne ta'e ykn GP (doktora) kee sihinquunnamne ta'e, doktora keetti haasa'I ykn nama klinikaatti. Yoo GP hinqabaanne, DOTW UK quunnami. Gargaarsaaf **08081647** (kun bilbila tolaa ti) ykn e-mail **clinic@doctorsoftheworld.org.uk**

Yoon ama saaxilama guddaa qadbu taate akkamitti akka of eeggattu

Yoon ama saaxilama guddaa vaayrasin koronna dhukkubsachuu kan qabdu taate , wantooti biraan kan akka ati hinqabamneef gootu jiru.

Isaan kunis:

- Manaa hinba'in – garaa dukaanaa waa bituuf, qoricha fudhachuu ykn ala sosocho'uu hindhaqin
- Hanga danda'ametti namoota mana kee keessa jiran irraa meetra 2 (tarkaanfii 3)

Waabituu ykn qoricha fudhachuuf hiriyyoota kee ykn maatii kee gaafadhu. Fidanii babala kee dura sii haa kaa'an.**gargaarsa koronnaa virus argachuuf galmaa'i (register to get coronavirus support)** tti galmaa'uu dandeessa

Yoo xiqaate turban 12f guyyaa xalayaa argatte irraa kaaftee akka mana turtuu fi namootaa wajjin kallattiin akk walinquunnamne sigorsina

Yoo vaayirassi koronnatti saaxilamuuf riskii guddaa qabda ta'e ofii kee eeggachuuf gorsa guutummaa GOV.UK irraa dubbisi

Translated by: TRANSBLESS Medical & Legal Language Services

In association with BritishRedCross

DOCTORS OF THE WORLD

Qajeelfama qofatti adda of bassu namoota mana kessa dhiibbe dadarbbo ykn infekshinii vaayirasii koronaa qabaachu malaniif

Hojii,mana barnoota, wal'dhaansa baqaqsanii hodhuu GP, mana kuussa qoreichaa ykn mana yaalaa hindhaqin	Bakka adda addaatti gargaarami ykn eega gargaaramtee qulqulleessi	Namoota gargaraa waliin qunnamurra of qusadhu
Nyaataa fi daawwaan akka mana sii dhufu godhi	Namonnii si gafachuf gara kee akka hindhufnee dhorkii	Yoo danda'ame qofaa rafi
Harka kee yeroo dha yerootti dhiqadhu	Bishaan baayee dhugi	 Mallattoo dhukkubii of irraa cabsuuf Paracetamol fudhadhu

Odeeffannoo **dabalataaf:** https://www.gov.uk/government/publications/covid-19-stay-at-home-guidance

Translated by: TRANSBLESS Medical & Legal Language Services

In association with

BritishRedCross

Yeroo haagamitif qajeelfama of adda basuu hordofnna?

- Nami mallattoo qabu kamiyyuu yoo xiqqaate guyyaa 7f adda of baasee mana turuu qaba.
- Yoo namoota biraa wajjin jiraatta ta'e, isaan illee namoota biraatti akka dhukkuba kana hindabarsineef adda of baasanii yoo xiqqaate guyyaa 14 mana turuu qabu.
- Garuu yoo mana kee keessa nami tokko mallatoo qabaate, guyyaa mallattoon itti argame irraa kaasee guyaa torbaaf adda of baasee mana turuu qaba. Guyyaa 14 mana yoo tureellee.
- Yoon namoota umuriin isaani 70 ykn isaa ol ta'e, nama dhibeen yeroo dheerraa irra turee, dubartii ulfaa ykn nama dandetti qaamaa dhiibee ofirra ittisu gad anaa qabu wajjin jiraataa yoo ta'e jara kanaaf guyya 14fi bakka itti turuu dandaa'an qophessif
- Yoo mana keessa waliin turuun dirqii ta'e, hanga danda'ameetti walirraa fagaadha.

Yooman NHS 111 quunnamuu qabaa?

- Baayee si dhukkubee wantoota dur gootu fakkeenyaaf kan akka TV ilaaluu, telefoona keetti gargaaramuu, waa dubbisuu ykn siree irraa ka'uu dadhabuu yoo siquunname
- Mallatoole sirratti mull'atan mana kessatti yaalu ykn to'achu akka dadhabde yoo sitti dhagahame
- Haalli kee sitti hammaataa yoo deeme.
- Mallattoolen sirratti mulla'atan guyyaa 7 booda jijirama foyaa'u a agarsisu baate.

Akkamittin NHS 111 qunnamu danda'a?

Waan gochuu qabdu baruu dhaaf **Tajaajila NHS 111 online coronavirus ilaali.** Yoo tajaajila on-line fayyadamu hindandeenye 111 irratti bilbiluu dandeessa (kun bilbila tolaa ykn kfalti maleettiti). Gara

Dhimmii baaqatummakoo irratti yoo yaaddo qabadhe hoo maaltu ta'a?

Tajaajilli NHS waayee Coronavirus kami iyyuu namoota UK keessa jiraatan hundaaf waayee immigreeshina isaanii utuu ilaalcha keessa hingashin ni kennama. Kunis waayee coronavirus sakata'uu fi yaaluu dabalata yoo itti ba'I isaa negative ta'e illee. Warri hospitaala NHS namoota coronavirus sakatta'amaniif ykn yaalaman waayee haal immigreeshina isaanii akka hingaafanne itti himameera…UK keessatti tajaajilli koronna vaayirasii illalatu kamiyuu nama kamifu otoo haala dhimma baqattumma ykn immigreeshina keeti ille ilaalch keessa otoo hingalchin bilisa ni keennama. Kunis qorranno fi yaalii vaayrasii koronnaa yoo vaayirasicharra bilisa taatte dabalata. Warri hospital NHS namoota koronaa vaayirasii sakatta'amaniff ykn yaalaman waayee haal baaqatummaa ykn immigresshina isaani akka hingafanne itti himameera.

Vaayirasiini koronna akka hintamsaane maalin gochuu danda'a?

- Dafani dafani yoo xiqqaate sekondii 20f harka keessan samunaa fi bishaaniin dhiqachuu mirkaneessaa
- Gorsa mana turu hordofaa

Gorsi kun NHS irraa kan darbu yoo ta'u odeeffannoo gorsa fayyaa kan namoota UK keessa jiraatu hundaaf utuu biyya irraa dhufan irratti hinhundaa'in kennamuu dha.

- Qajeelfama NHS: : **https://www.nhs.uk/conditions/coronavirus-covid-19/**
- Qajeelfam WHO : **https://www.who.int/news-room/q-a-detail/q-a-coronaviruses**

gosa 3 [24.03.2020]

Version 3 [24.03.2020]

Translated by: TRANSBLESS Medical & Legal Language Services